Ibsa gaazeexaa

Ulfa-baasuu Dardaran Itiyoophiyaa irratti Qo'annoon yerro jalqabaaf adeemsifame ifa ta'e

Dubartootni darggagoo ta'anis carraa Ulfa-baasuu Ofeeggannoo qabuun caalaatti fayyadamtoota ta'aniiru

Qo'annoon haarawaan kun akka mul'isutti, ulfa baasuu ilaalchisee seerri Itiyoophiyaa bara 2005 foyyaa'e dardaranif carraa tajaajila ulfa-baasuu ofeeggannoo qabuufi seera-qabeessa ta'e akka argatan isaan fayyadeera. **"Ulfa Baauu Dardarran Itiyoophiyaa karaa Ofeegannoo Qabuufi Dhoksaan Raawwatan"** kan jedhu qorattoota dhaabbata Guutmaacher fi Ipas jedhamuun adeemsifame. Dokimeentiiwwan kunniin yeroo jalqabaaf sadarkaawwan Ulfa-baasuu Ofeegannoo Qabuufi Dhoksaa Dardarran Itoophiyaa(umurii 15-19 jidduutti argaman), fi ulfaatina rakkoowwan ulfa-baasuun walqabatan gareewwan umurii kanneenii kan agarsiisudha. Qo'annichi akka ibsutti, dardarran dubartoota umuriin isaaniin olii caala carraa tajaajilawwan ulfa-baasuu ofeegannoo qabu argachuu kan dandeesise yoota'u; rakkoowwan/miidhaan ulfa-baasuu ofeeggannoo hinqabneen muudatan garuu kan dubartoota birootiin kan walfakkaatudha.

Itiyoophiyaan biyyoota lakkoofsi isaanii xiqqoo ta'e danqaawwan/gufuuwwan ulfa-baasuu seera-qabeessaafi ofeeggannoo qabu dardarran irraa ifaan ifatti furan keessaa ishee tokkodha. Hanga bara 2005tti, seerri Itoophiyaa ulfa baasuu kan heeyyamu lubbuu haawwanii/hadholee baraaruuf ykn fayyummaa qaama ishee eeguuf qofa ture. Ulaagaa haarawaan kuni garuu ulfa gudeeddiin uumamue, firarraa ulfaa'ameefi hirdhina/miidhama qaamaa fayyuu hindandeenye yooqaate ykn haati ulfofte sun hirdhina qaamaa ykn sammuu yooqabaate ykn umurii waggaa 18 gadi yootaate ulfa karaa seera-qabeessummaadhaan baasuun nidanda'ama.

Ragaawwan bara 2014 akka agarsiisanitti dardaran tajaajila ulfa baasuu argatan keessaa dhibbantaan 64 (%64) karaa ofeegannoo qabuun (seera-qabeessaan) dhaabbilee fayyaa keessatti kan raawwatanidha. Dubartoota kan biroo umuriin isaanii oli'aanaa ta'e keessaa, immoo gaheen

ulfa baasuun karaa seera-qabeessa ta’een raawwatame xiqqoo yoota’u dhibbantaa 46 kan argatan kan umuuriin isaanii 25-29 yoo ta’u dhibbantaa 22 immoo kan umuuriin isaanii 35 fi isaa oli ta’edha. Kan hafan garuu kan dhoksaan raawwatanii fi raawwiinsaas kan ofeegannoo hin qabne ta’uu nimala.

“Seerri Itiyoophiyaa ulfa baasuu ilaalchissee foyya’uunsaa dardarran hedduun akka tajaajila ulfa baasuu ofeeggannoo qabu argatan taasiseera,” jedhe Dooktor Yoohaannis Dibaabaa, barreessitoota qorannichaa keessaa tokko kan ta’e.. “Haata’u malee ammas dardarran hedduun ulfa baasuu dhoksaa fi ofeeggannoo hinqabne fayyadamuutti maaliif akka itti fufan baruuf qorannoon dabalataa nibarbaachisa.” jedheera.

Akkasumas lakkoofsi/gaheen dardaranii sababa ulfa baasuu dhoksaafi ofeeggannoo hinqabneen rakkoowwan cimaa/walxaxaa fi dhiiguun saaxilamuudhaan yalii/waldhaansa eegumsa fayyaa ulfa baasuu boodaa barbadan kan dubartoota umuuriin isaanii oli’aanaa ta’e waliin kan walfakkaatu ta’uusaa qo’annoon kun ni ibsa (rakkoowwan cimaa/walxaxaa afur keessaa tokko jechuu dha). Kun dardaran ulfa baasuu karaa seera qabeesaafi ofeegannoo gabuun raawwaatan waliin walbira qabamee yoo ilaalamu dubartoonni ulfa baasuu dhoksaa fi ofeeggannoo hinqabne raawwatan kan heerumani fi barumsa xiqqoo kan qabanii yoota’u ulfi isaan ofirraa baasanis ji’a 3-6 jidduutti kan argamudha. Heerumuun ykn kan hinheerumne ta’uun fi sadarkaan barumsaa fedhii tajaajila ulfa-baasuu seera-qabeessaafi ofeeggannoo qabu argachuu dubartootaa irratti haala kamiin dhiibbaa akka qabaatu baruuf/hubachuuf qorannoon dabalataa nibarbaachisa.

“Dardarran Itiyoophiyaa dubartoota hunda keessaa sadarkaan ulfa baasuu isaanii baay’ee gadaanaadha,” jette Elizabeth Sully, saayintistiin qorannoo ol’aantuu dhaabbata ‘Guttmacher’ fi hoggantuun barreeffama qorannichaa. “Ammas dardaran keessaa walakkaan otoo hinyaadiin tasa kan ulfaa’an yoota’u kunis fedhii ulfa ittisuu dardarranii guutuuf daran hojjachuu akka barbaachisu nihubachiisa.”

Qorattoonni akka tilmaamanitti, dardarran Itiyoophiyaa dubartoota saal-qunnamtiidhaaf ga’an ykn si’aawoo ta’an kessaa carraan tasa ulfaa’uu isaanii baay’ee olaanaadha(dardaran 1,000 keessaa 176 tasaan ulfaa’u jechuudha.) Dubarttota umurii da’uumsaa 15-45 judduu jiran waliin walbira qabnee yoo ilaalle immoo dubartoota 1,000 keessaa 101 tu. Kunis caalmaatti kan ta’uu danda’e

dadaran si'aayinni salqunamtiif qaban gad-aanaa ta'ulee toftaa ittisa ulfaa argachuuf gufuu/danqaa hedduu wanqabataniif.

Dardaran haalli raawwii saalquunnamtii isaanii kan dubartoota umuuriin isaanii oli'aaana ta'e gadi waanta'eef sadarkaan/gaheen ulfa baasuu isaanis addaa addumaa niqabaata. hundaa'uunis addaa addumaa niqabaata. Haaluma kanaan bara 2014 erraa eegalee dardaran tilmaamaan waggaatti ulfa baasuu 96,243 niraawwaatu; kunis dubartoota umuurii kami waliin walbira qabamee yoo ilaalame bayee xiqqoo yoota'u dubartoota 1000 keesssaa 20 jechuudha. Haatau malee dubartoota saalqunamtiif si'aayota ta'an qofaa waliin yoo ilalame dubartoonni umuriin isanii 15-19 jidduu jirru sadarkaa ulfa baasuu baayee olanaa qabu. Kanaafuu haala kana jijiruuf toftaalee ittisa ulfaa qulqullina olaanaa fi filannoo guutuu qaban dardaraaf dhiyeessun barbaachisaa ta'uusaa qorattoonni kunniin yaada furmaataa kennaniiru.

Ulfa-baasuun dhoksaa ittifufinsaan akka raawwatamu dhimmoota ga'ee qabaatan kanneen akka dhimma walhormaataa ilaalchissee mirga bilisa ta'anii murteessuu, fageenya dhaabbilee fayyaa, dubartii ulfa baafte irraa-qoollifachuu/ofirraa fageesuu fi beekumsa waa'ee seera ulfa baasuu irratti qorannoon dabalataa barbaachisaadha. Rakina mirga walqixxummaa dhabuu dardaranii hirdhisuu fi tajaajila ulfa baasuu seera qabeessa fi ofeeganno qabu akka argatan mirkanneesuuf daraan tataaffii gochuun murteessaa tauusaa qo'annoon kun niagarsiisa.

Dubbisa dabalataaf:

- Itiyoophiyaa Keessatti Ulfa baasuu Dardaran Raawwatanii fi Kununsa Ulfa Baasuu Boodaa
- Ulfa Baasuu Dardarran Itiyoophiyaa karaa Ofeegannoo Qabuufi Dhoksaan Raawwatan

Dhaabbata Guttmacher—www.guttmacher.org
Imaammanni fayyaa walhormaataa gaariin qorannoo amanamaa irraa eegala

Teessoowwan kanaan nuqunnamaa:

Feesbuukii:http://www.facebook.com/guttmacher
Tiwiiterii: http://twitter.com/guttmacher
LinkedIn: http://www.linkedin.com/company/guttmacher-institute
Tumblr:http://guttmacher.tumblr.com